# BIIROO BARNOOTA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEETIIN QOPHAA'EE KAN DHIYAATE BARNOOTA TELEVIZSHIINII

## BARNOOTA HERREGAA
## KUTAA 2FFAA
## (Seemisteera 2ffaa)

# BOQONNAA 2

## BAAY’ISUU FI HIRUU LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI

# 2.1 0 FI 1'N BAAY'ISUU FI HIRUU

**Fakkeenya 1:**

a. 0 x 3 = 0

b. 5 x 0 = 0 x 5 = 0

c. 4 x 0 = 0

d. 10 x 0 = 0 x 10 = 0

**Hubadhu!**

Lakkoofsa hundaa kamiyyuu 0'n yoo baay'ifne 0 ta'a.

# GOCHA 2.1

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a. 6 x 0 = _____

b. 8 x 0 = _____

c. 12 x 0 = ___

d. 24 x 0 = ___

e. 19 x 0 = ___

f. 45 x 0 = ___

# GOCHA 2.2

Gabatee baay’isuu armaan gadii guuti.

| X | 13 | 21 | 35 | 43 | 46 | 52 | 68 | 72 | 96 | 99 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 0 | | | | | | | | | | |

# 1’N BAAY’ISUU

## Fakkeenya 2:

a. 8 x 1 = 8

b. 17 x 1 = 1 x 17 = 17

c. 5 x 1 = 5

# GOCHA 2.3

**Fakkeenya 2:**

# BOQONNAA 3
# SAFAROOTA DHEERINAA , DHANGALA'OO FI HANGAA

## 3.1 DHEERINA 'cm' FI 'm'N SAFARUU

### GOCHA 3.1

- Maatii keessan keessaa eenyutu hunda caalaa dheeraadha?
- Meetirri 1 saantimeetira meeqa ta'a?

# ...itti fufaa...

- Dheerina safaruuf meetirii fi saantiimeetiriitti fayyadamna.
- Meetirii fi saantimeetiriin yuuniitoota safara dheerinaati.
- Saantimeetirii gabaabsuun "**cm**" jennee barreessina.
- Meetirii gabaabsuun "**m**" jennee barreessina.
- **1m** = **100cm**.
- Dheerina safaruuf meeshalee akka sarartuu fi ulee meetiratti gargaaramna.

# …itti fufaa…

## GOCHA 3.2

1.Sarartuutti fayyadamuun dheerina kitaaba keetii safari.

2. Dheerinni kee meetirii meeqaa fi saantimeetirii meeqa dha?

# 3.2 cm Fi m IDA'UU Fi HIR'ISUU

## GOCHA 3.3

- Wadaroo **7m** dheeratu duraan qabdu irratti kan **5m** dheeratu yoo siif dabalame, walitti wadaroo meetira meeqa dheeratu siif ta'a?
- Fo'aa **90 cm** dheeratu irraa kan **30cm** dheeratu yoo kutte, inni hafe hammam dheerata?

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 1**

**Bakka duwwaa guuti.**

a. 7cm + 10cm = _____cm

b. 48m + 2m = _____m

c. 29cm – 28cm = ____cm

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 2**

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a. 25cm + ___cm = 37cm

b. 17m + ___m = 42m

# ...itti fufaa...

## HOJII MANAA

- Daraartuun huccuu 37m dheeratu bitte. Lachiisaan immoo kan 52m dheeratu bite.

a. Walitti huccuu meetira meeqa dheeratu bitan?

b. Huccuu Lachiisaan bite kan Daraartuun bitte irra hammam caalaa dheerata?

# 3.3 DHANGALA’OO LIITIRIIN SAFARUU

Xumura barannoo kana booda barattoonni:

- Qabee dhangala’oo litiraan ni safaru.
- Qabee dhangala’oo litiratti fayyadamuun waliin ni madaalu.
- Qabee litiraan kenname walitti ni ida’u, walirraa ni hir’isu.

# GOCHA 3.3

**a.** Wantoota dhangala’oo naannoo keetti argaman lama himi.

b. Aannan maaliin safarra?

c. Zayitaa fi gaazii bituuf maatiin kee maaliin safarsiifatu?

# …itti fufaa…

**Hubadhu!**

- Yuunitiin safara dhangala’oo *liitirii* jedhama.
- Liitiriin gabaabaatti ‘*l*’ jedhamee barreeffama.

# Fakkeenya 2

## Kanneen armaan gadii ida’i.

a. 7 l + 16 l = _____

b. 47 l + 42 l = _____

c. 52 l + 29 l = _____

Deebii:

# Fakkeenya 3

## Kanneen armaan gadii hir’isi.

a. 17 l – 2 l = ___

b. 42 l – 39 l = ___

Deebii:

# Fakkeenya 4

Angaatuun Wiixata gaazii liitirii 15, Kibxata liitirii 25 fi Roobii liitirii 18 gurgurte. Walumatti gaazii liitirii meeqa gurgurte?

Deebii:

# HOJII MANAA

Maatiin tokko ji’atti zaayitii liitirii 7 ittoo hojjechuuf barbaada. Zaayitii liitiriin 63 yeroo hammamiif maaticha ga’a?

# 3.4 HANGA KIILOOGIRAMIIN SAFARUU

Xumura barannoo kana booda barattoonni:

- Hanga kg’n ni safaru.
- Safaroota hangaa waliin ni madaalu.
- Safara kg’n kenname walitti ni ida’u, walirraa ni hir’isu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 3.4

- Mana daakuutti hangi midhaanii maaliin safarama?
- Hangi kee hammami?

# ...itti fufaa...

**Hubadhu!**

- ✓ Yuunitiin safara hangaa **kiiloogiraamii** jedhama.
- ✓ Kiiloogiraamii gabaabsinee yommuu barreessinu **kg** jenneeti.

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 4**

Kanneen armaan gadii ida’i.

a. 32 kg + 27 kg = _____

b. 47 kg + 34 kg = _____

Deebii:

# ...itti fufaa...

**Fakkeenya 5:**

Kanneen armaan gadii hir'isi.

a. 76kg – 4kg = _____

b. 80kg – 39kg = ___

Deebii:

# ...itti fufaa...

**Fakkeenya 6:**

Aadde Bashaatuun mana daakuutii daakuu xaafii 30 kg, qamadii 8 kg fi boqqolloo 16 kg bitani. Walumatti daakuu kiiloogiraamii meeqa bitani?

Deebii:

# HOJII MANAA

1. Aadde Jaallanneen gabaa ba’anii qamadii 25kg, xaafii 56 kg fi boqqolloo 23 kg bitani. Aadde Jaallanneen:

a. boqqolloo fi qamadii walitti hammam bitani?

b. xaafii fi qamadii walitti hammam bitani?

# BOQONNAA 4

# SEENSA FIRAAKSHINOOTAA

## 4.1 KEESSA DEEBII WALAKKAAWWANII , KURMAANOTAA FI SIISOOWWANII

Xumura barannoo kana booda barattoonni:

- ❖ Fakkileen walakkaa, kurmaanaa fi sisoowwan qabatamaan ni agarsiisu.
- ❖ Walakkaawwan, siisoowwanii fi kurmaanota ni ida’u, ni hir’isu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 4.1

a. Burtukaana tokko iddoo walqixa lamatti qooduun isa tokko yoo nyaatte harka meeqatu hafa?

b. kurmaanni harka meeqa? Siisoon hoo?

# ...itti fufaa...


***Hubadhu!***


- **Walakkaan** kan argamu waan guutuun tokko bakka walqixa lamatti yoo qoodame dha.
- **Siisoo** kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa sadiitti yoo qoodne dha.
- **Kurmaana** kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa afuritti yoo qoodne dha.

# ...itti fufaa...

**Fakkeenya 1**


a. Kan dibame walakkaa dha.





b. Kan dibame siisoo dha.

c. Kan dibame kurmaana dha.



# …itti fufaa…

**Fakkeenya 2**:

Kanneen armaan gadii furi.

a. Kurmaana + Kurmaana + Kurmaana +Kurmaana = _____

b. Siisoo + Siisoo + Siisoo = _____

# …itti fufaa..

**Fakkeenya 3:**

Kanneen armaan gadii hir’isi.

a. Guutuu – Siisoowwan 2 = _____
b. Guutuu – Walakkaa = _____
c. Walakkaa – Kurmaana = _____
d. Guutuu – Kurmaanota 3 = _____

# HOJII MANAA

Danaa geengoo 3 ijaaruun isa tokkoffaa bakka walqixa 2tti, isa lammaffaa bakka walqixa 3tti fi isa sadaffaa bakka walqixa 4tti qooduun agarsiisi

# 4.2 GUUTUUWWANII FI FIRAAKSHINOOTA MALLATTOOLEEN

Xumura barannoo kana booda barattoonni:

- Hariiroo walakkaawwan, kurmaanota fi sisoowwan giddu jiru ni agarsiisu.
- Firaakshinota walakkaawwan, kurmaanota fi sisoowwan baratan mallattooleen ni ibsu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 4.2


a. Walakkaawwan 2 guutuu meeqa ta’a?

b. Siisoowwan 3 guutuu meeqa ta’a?

c. Kurmaanonni 4 guutuu meeqa ta’a?

# ...itti fufaa...


**Fakkeenya 1: Kan dibame mallattooleen agarsiisi.**



**a**



**b**



**c**

# …itti fufaa…

***Hubadhu!***

- Walakkaan yommuu mallattoon barreeffamu **1/2** ta’a.
- Siisoo yommuu mallattoon barreffamu **1/3** ta’a.
- Kurmaanni yommuu mallattoon barreeffamu **1/4** ta’a.
- Siisoowwan **2** yommuu mallattoon barreeffamu **2/3** ta’u.
- Kurmaanonni **3** yommuu mallattoon barreeffamu **3/4** ta’u.

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 4:**

**Himoota armaan gadii “<” yookiin “=” yookiin “>” bakka duwwatti barreessuun dhugoomsi.**

a. Walakkaa _____ Guutuu

b. Kurmaana _____ Siisoo

c. Siisoo _____ Walakkaa

d. Walakkaa _____ Kurmaana

# HOJII MANAA

1. kurmaanota 2 mallattoon barreessi.
2. Guutuu tokko keessa ½ meeqatu jira?
3. Guutuu tokko keessa ¼ meeqatu jira?
4. Guutuu tokko keessa 1/3 meeqatu jira?

# BOQONNAA 5

# LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 1000TTI

## 5.1 **BAAY'ATTOOTA 100**

Xumura barannoo kana booda barattoonni:

- Baay'attoota 100 hamma 1000tti jiran ni tarreessu.
- Baay'attoota 100irratti lakkoofsota 1 – 10 ni ida'u, ni dubbisu, ni barreessu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 5.1

a. 100 x 2 = _____

b. Lakkoofsota 300, 400, 500 fi 600 dubbisi.

c. Lakkoofsota akka 100, 200, 400, 500 fi kkf ida’ama baay’atoota 100 tiin ibsi.

# …itti fufaa…

Fakkeenya 1

a. 100 x 3 = _____.

b. 100 x 4 = _____.

Deebii:

# …itti fufaa…

## GOCHA 5.2

Baay’attoota 100 bakka duwwaatti guuti.

| X | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **100** | | | | | | | | | | |

# …itti fufaa…


## Fakkeenya 2

### a. Lakkoofsot armaan gadii jechaan barreessi.

| T. L. | Lakkoofsa | Jechaan |
|---|---|---|
| A | 300 | |
| B | 600 | |
| C | 700 | |
| D | 800 | |
| E | 1000 | |

# …itti fufaa…

## b. Saanduqa duwwaa guuti



# …itti fufaa…

## HOJII MANAA

Siddiseen haadha ishee irraa qarshii 300 fi abbaa ishee irraa qarshii 200 fudhatte. Walitti qarshii meeqa argatte?

# 5.2 LAKKOOFSOTA HUNDAA 101 HAMMA 1000 FI GATII BAKKAA ISAANII

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- Mana lakkoofsotaa (gatii bakkaa) lakkoofsota hamma 1000 ni ibsu.
- Lakkoofsota dijiiti sadi sadii qaban ida’ama lakkoofsota baay’attoota 100 tiin ni ibsu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 5.3

***Baay'attoota 100 armaan gadii ida'ama baay'attoota 100tiin barreessi.***

a. 200 = _____ + _____

b. 700 = 300 + _____

c. 900 = _____ + 400

d. 1000 = 700 + _____

# ...itti fufaa...

## GOCHA 5.4

1. Lakkoofsa **972** keessatti gatiin bakkaa kan 9, 7 fi 2 meeqa akka ta'e ibsi.
2. Lakkoofsa **215** keessatti gatiin bakkaa kan 2, 1 fi 5 meeqa ta'a?

# ...itti fufaa...

**Fakkeenya 4:**

Lakkoofsa 486 keessatti gatiin bakkaa 4 , 8 fi 6 meeqa?

**Deebii:**

# ...itti fufaa...

**Fakkeenya 4**

Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaatiin ibsi.

| T.L. | Lakkoofsa | Mana Dhibbaa | Mana Kudhanii | Mana Tokkee |
|---|---|---|---|---|
| A | 463 | | | |
| B | 572 | | | |
| C | 746 | | | |
| D | 831 | | | |
| E | 924 | | | |

# HOJII MANAA

Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaatiin ibsi.

| T.L | Lakkoofsa | Mana Dhibbaa | Mana Kudhanii | Mana Tokkee |
|---|---|---|---|---|
| a | 359 | | | |
| b | 463 | | | |
| c | 572 | | | |
| d | 685 | | | |
| e | 746 | | | |
| f | 831 | | | |
| g | 924 | | | |

# 5.3 TARTIIBA LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 1000TTI

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Lakkoofsota hamma 1000tti jiran sarara lakkoofsotaa irratti ni ibsu.**
- **Dursaa fi itti fufaa lakkoofsota hundaa hamma 1000tti jiran ni murteessu.**

# ...itti fufaa...

***Hubadhu!***

105 106 107 108 109 110

- 107 **itti fufaa** 106ti. Kanaafuu , **107 > 106** ti.
- 108 **dursaa** 109ti. Kanaafuu , **108 < 109** ti.
- Lakkoofsonni 105 fi 110 gidduu jiran **106** , **107** , **108** , fi **109**.

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 5**

**1. Itti fufaa** lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a. 24 b. 158 c. 864

Deebii:

# ...itti fufaa...

**2. Dursaa** lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a.43 b. 213 c. 981


Deebii

# ...itti fufaa...


**Fakkeenya 6**:

**Saanduqa duwwaa guuti.**


a.



b.



c.



# HOJII MANAA

1. Itti fufaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

   a. 23  b. 158  c. 765  d. 864

2. Dursaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

   a. 43  b. 213  c. 432  d. 981

# LAKKOFSOTA HUNDAA HAMMA 1000TTI JIRAN WALIIN MADAALUU

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Lakkoofsota hamma 1000tti jiran mallattoolee <, = ykn > tti gargaaramuun hariiroo isaanii ni ibsu.**
- **Lakkoofsota hundaa lakkofsota lamaan kennaman gidduu jiran ni tarreessu.**

# ...itti fufaa...

## GOCHA 5.5

**Lakkoofsota hundaa lakkofsota lamaan kennaman gidduu jiran xiyya lakkoofsaa irratti mul'isi.**

a. 203 fi 208 gidduu  b. 607 fi 612 gidduu

**Deebii**:

# ...itti fufaa...

## GOCHA 5.6

**Himoota armaan gadii mallattoolee "<" yookiin ">" yookiin "=" bakka duwwaatti barreessuun dhugoomsi.**

a. 536 _____ 436

b. 695 _____ 543

c. 486 _____ 512

d. 408 _____ 408

e. 800 _____ 900

# … itti fufaa…

**Fakkeenya 7:**

Lakkoofsota hundaa lakkofsota lamaan kennaman gidduu jiran tarreessi.

**a. 108 fi 114** **b. 456 fi 463**

**Deebii:**

# …itti fufaa…

## HOJII MANAA

Lakkoofsota hundaa lakkoofsota lamaan kennaman gidduu jiran tarreessi.

a. **245** fi **255**

b. **782** fi **788**

# BOQONNAA 6
# TUQAALEE. SARAROOTAA FI BOCOOTA

## 6.1 SARARTUUTTI FAYYADAMUUN SARARA FAKKEESSUU

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Sarartuutti gargaaramuun sararoota walqaxamuran ni fakku.**
- **Sararoota ni moggaasu, tuqaalee gara irraa, gara jalaa fi sarara irra jiran adda ni baasu.**

# …itti fufaa…

## GOCHA 6.1

a. Dabtara kee irratti fiixee qubeessaatiin waraqaa tuqi. Mallattoon waraqaa irratti mul’atu tuqaa jedhama.


b. Tuqaalee argatte qubee A, B fi Cn moggaasi


# ...itti fufaa...


Fakkeenya 1

Tuqaalee fi sararoota

Danaalee armaan gadii ilaali.

a. 

b. 

c. 

d. .

# ...itti fufaa...

Hubadhu!

- Sararri (a) irratti argamu sarara qajeeiaa jedhama. Sararri kun l jedhamee waamama.
- Sararoonni (b) irratti kennaman sararoota walqaxxamuraa jedhamu.
- Danaan (d) irratti kenname **tuqaa** jedhama.
- Sararri (c ) irratti kenname **sarara jallaa** jedhama.

# …itti fufaa…

## GOCHA 6.2

1. Sarartuutti gargaaramuun sarara qajeelaa dabtara kee irratti hojjadhu.
2. Sarara qajeelaa tuqaa A fi tuqaa B armaan gadii keessa ba’u dabtara kee irratti fakkeessi.


A .

. B

# …itti fufaa…

Fakkeenya 2:

Sarara m armaan gadii ilaali.




Sarara m armaan olii irratti tuqaalee “m” irratti argaman , “m” irraa gara olii fi gara gadiitti argaman adda baasi.

# …itti fufaa

***Hubadhu!***


- Tuqaaleen A, B, C, D fi E sarara “m” irratti argamu.
- Tuqaaleen F fi G’n sarara “m” irraa gara oliitti argamu.
- Tuqaaleen H fi I’n sarara “m” irraa gara gadiitti argamu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 6.3

1. Sararoota armaan gadii keessaa kanneen sararoota qajeeloo ta’an isaan kami?


a. 


b. 


c. 

# …itti fufaa…

2. Gaaffii armaan gadii danaalee kennaman irratti hundaa’uun deebisi.




a. Sararri kenname sarara _____ jedhama.

b. __ fi __ tuqaalee sarara q irraa gara oliitti argamani dha.

c. __ fi __ tuqaalee sarara q irraa gara gadiitti argamani dha.

# HOJII MANAA

Sarartuu fi qubeessaatti fayyadamuun sararoota qajeeloo walqaxxaamuran lama fakkeessi. Tuqaa isaan irratti walqaxxaamuran qubee “E” dhaan moggaasi.

# 6.2 REKTAANGILII FI ROGSADEEWWAN

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**


- Sarartootti fayyadamanii **rektaangilii** fi **rogsadee** waraqaa irratti fakkeessuun ni moggaasu.
- Bocoota **rektaangilii** fi **rogsadeen** walsiman addaan ni baafatu.

# ...itti fufaa...

## GOCHA 6.3

1. Danaalee armaan gadii rektaangilii, rogsadee, iskuweerii fi geengoo jechuun addaan baasi.

a. 

b. 


c. 

d. 

2. Naannoo kee keessatti wantoota bocoota armaan olii wajjin walfakkaatan tarreessi.

# 6.2.1 REKTAANGILII

- Rektaangiliin rogoota afur qaba. Rogoonni waliif fuullee ta’an lamaan walqixa. Fakkeenyaaf , danaan armaan gadii rektaangilii dha.




- Rektaangiliin armaan olii kun rektaangilii **ABCD** jedhamee waamamu  danda’a. Karaa biraas , rektaangilii **BCDA** , **DCBA** , **CBAD** jedhamee moggaafamuus ni danda’a.

# ...itti fufaa...


## GOCHA 6.4




1. Rektaangiliin armaan olii rektaangilii _____ jedhama.
2. Rogoonni rektaangilii armaan olitti kennamee ___, _____, _____ fi _____ dha.


# 6.2.2 ROGSADEE

- Rogsadeen rogoota sadii qaba. Danaan armaan gadii kun rogsadee jedhama. Rogsadee ABC jedhamee waamama. Kanas mallattoon △ ABC jennee barreessina. Moggaasotni isaas △ BCD , △ CBA , △ CAB jedhamuu danda'a.



# …itti fufaa…

## GOCHA 6.5




1. Rogsadeen olitti kenname rogsadee _____ jedhama.
2. Rogonni rogsadee olitti kennamee __, __ fi __ dha.

# HOJII MANAA

1. Sarartootti fayyadamuun **rektaangilii** fi **rogsadee** waraqaa irratti fakkeessuun moggaasi.
2. Bocoota wantoota naannoo keessanitti argaman keessaa kanneen **rektaangilii** fi **rogsadee**n walsiman lama lama himi.

# 6.3 ISKUWEERII FI GEENGOO

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- Sarartootti fayyadamanii **iskuweerii** fi **geengoo** waraqaa irratti fakkeessuun ni moggaasu.
- Bocoota **iskuweerii** fi **geengoon** walsiman addaan ni baafatu.

# ...itti fufaa...

## GOCHA 6.6


1. Danaalee armaan gadii **rektaangilii**, **iskuweerii** fi **geengoo** jechuun addaan baasi.



(a)



(b)




(c)

2. Garaagarummaan danaa (a) fi (b) gidduu jiru maali?

# 6.3.1 ISKUWEERII

Iskuweeriin rogoota afur qaba. Rogootni hunduu dheerina walqixa qabu.




- Danaan armaan olii iskuweeriidha. AB, AD, CD FI BC rogoota iskuweerii kanaati. Rogootni kun arfanu dheerina walqixa ta’e qabu. Iskuweerichi yoo waamamu , iskuweerii ABCD jedhameeti. Iskuweerii kana BCDA , DCBA , ADCB , CDAB keessaa tokkoon moggaasuus dandeenya.


# …itti fufaa…

## GOCHA 6.7




1. Iskuweeriin armaan olitti kenname iskuweerii _____ jedhama.
2. Rogoonno iskuweerii armaan olitti kennamee ___, ___, ___ fi ___ dha.


# 6.3.2 GEENGOO




- Danaan armaan olii geengoo jedhama. “**O**”n handhuura geengichaati. “A” fi “B”n tuqaalee geengoo irratti argamani. Geengoon kun yoo waamamu **geengoo** “**O**” jedhama.

# …itti fufaa…

## GOCHA 6.8





1. Geengoon armaan olitti kenname geengoo _____ jedhama.
2. Handhuurri geengoo armaan olitti kennamee ___ dha.

# ...itti fufaa...

## GOCHA 6.9

**Danaalee armaan gadii roga "A" jalatti tarreeffaman maqaa isaanii isaan roga "B" jalatti tarreeffaman waliin walitti firoomsi.**

| "A" | | "B" |
|---|---|---|
| 1.  | 3.  | a. Iskuweerii<br>b. Rogsadee<br>c. Geengo |
| 2.  | 4.  | d. Rektaangilii |

# HOJII MANAA

1. Sarartuutti fayyadamuun iskuweerii waraqaa irratti fakkeessuun moggaasi.
2. Wantoota boca geengoo qabanitti fayyadamuun immoo geengoo fakkeessi.

# BOQONNAA 7
# MAALLAQA ITOOPHIYAA

## 7.1 MAALLAQA IDA'UU FI HIR'ISUU

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Gosoota Dinaarotaa fi Noottiiwwanii adda baasanii ni ibsu.**
- **Maallaqa walitti ni ida'u; walirraa ni hir'isu.**

# …itti fufaa …

## Dinaaroota Itoophiyaa



# GOCHA 7.1: Gosoota noottiiwwan armaan gadii adda baasuun ibsi.



# …itti fufaa…

## GOCHA 7.2 : Kanneen armaan gadii ida’i.

a)



+



+



= _____

# …itti fufaa…


b) 

+ 

+ 


= _____

# Fakkeenya 1



# Fakkeenya 2


















# …itti fufaa…

## GOCHA 7.2

1. **Ida’l**

a. Qarshii 23 + Qarshii 25 = Qarshii _____

b. Qarshii 20 + Qarshii 52 = Qarshii _____

2. **Hir’isi**

a. Qarshii 100 - Qarshii 25 = Qarshii _____

b. Saantima 44 – Saantima 26 = Saantima ___

# HOJII MANAA

1. Ida’l

   a. Qarshii 50 + Qarshii 35 = _____

   b. Qarshii 45 + Qarshii 5 = _____

   c. Saantima 75 + Saantima 15 = _____

2. Hir’isi

   a. Qarshii 56 - Qarshii 44 = _____

   b. Saantima 55 - Saantima 20 = _____

# 7.2 BITTAA FI GURGURTAA

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Hariiroo qarshii 1 fi dinaarota gidduu jiru ni himu.**
- **Pirobileemota jechaa maallaqa ida’uu fi hir’isuu of keessaa qaban ni furu.**

# …itti fufaa…

## *Gocha 7.3*

a. Qarshiin 1 = Saantima _____

b. Qarshiin 1 = Dinaara abbaa Saantima 10n ____ dha.

c. Qarshiin 1 = Dinaara abbaa Saantima 25n meeqa?

d. Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shantamaa meeqa?

e. Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shanii 20 __ dha.

# ...itti fufaa...

***Hubadhu!***

- Qarshiin 1 = Saantima 100
- Qarshiin 1 = Dinaara abbaa Saantima 10n 10
- Qarshiin 1 = Dinaara abbaa Saantima 25n 4
- Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shantamaa 2
- Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shanii 20

# …itti fufaa…

## GOCHA 7.4

1. Wantoota maatiin kee gabaadhaa bitan tarreessi.
2. Gatiin saamunaa 1 qarshii 5 fi saantima 50 yoo ta’e, gatiin saamunoota 4 meeqa ta’a?

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 1:**

Gatiin saamunaa tokkoo qarshii 5 fi saantima 50 yoo ta’e, saamunaa 1 bituuf qarshii 10 yoo abbaa suuqitti kennite, qarshii meeqatu siif deebi’a?

Deebii:

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 2:**

Gatiin sogidda 1kg qarshii 12 yoo ta’e, sogiddi 3kg qarshii meeqa baasa?

Deebii:

# HOJII MANAA

1. Gatiin daabboo tokkoo qarshii 1 fi saantima 25 yoo ta’e, gatiin shaayii tokkoo saantima 75 yoo ta’e, walitti gatiin daabboo fi shaayii hammami?
2. Gatiin sukkaara 1kg qarshii 16 yoo ta’e , sukkaarri 2kg qarshii meeqa baasa?

# BOQONNAA 8

# YEROO



# BOQONNAA 8

# YEROO

## 8.1 YEROO SA’AATIIN , WALAKKAA SA’AATII FI KURMAANA SA’AATIIN HIMUU

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Meeshaa sa’aa lakkaa’u irraa sa’aa walakkaa , sa’aa fi kurmaana ni ibsu.**
- **Meeshaa sa’aa lakkaa’u irraa sa’aa walakkaa , sa’aa fi kurmaana ni dubbisu.**

# ...itti fufaa...

## 8.1 YEROO SA'AATIIN , WALAKKAA SA'AATII FI KURMAANA SA'AATIIN HIMU

### GOCHA 8.1

1. Ganama sa'aatii meeqatti irriba irraa kaata?
2. Laaqqana kee sa'aatii meeqatti nyaatta?
3. Mana barumsaa keetii hamma manaatti sa'aatii meeqa deemta?

# MODEELOTA SAFARA SA’AATII

1. Kan gara gadii fakkii meeshaa sa’aatii ittiin safarruu dha.

   Meeshichis **sa’aatii** jedhama.

   Meeshaa kana irratti xiyya gabaabaa furdaa fi xiyya qallaa dheeraatu mul’ata.

- Xiyyi dheeraan **daqiiqaa** agarsiisa.
- Xiyyi gabaabaan **sa’aatii** agarsiisa.

# MODEELOTA SAFARA SA’AATII




# …itti fufaa…

2. Kan gara mirgaa fakkii meeshaa safara sa’aatiiti.




Kana irraa sa’aatii himuuf dubbisuu qofa. Fakkeenyaaf Fakkii kenname irratti **6 : 00** agarsiisa. Yommuu dubbifamus, **sa’aatii ja’a** jedhameeti.

# MODEELOTA SAFARA SA’AATII



# ...itti fufaa...

## Fakkeenya 1

Meeshaa kenname irratti xiyyi sa'aatii gara 5 agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 12 agarsiisa.

Yommuu dubbifamu
**Sa'aatii 5**




Yommuu barreeffamu

**5 : 00**

**Sa'aatii** **Daqiiqaa**

# …itti fufaa…

**Hubadhu!**

- ✓ Xiyyi sa’aatiis ta’ee kan daqiiqaa ***bitaa irraa gara mirgaatti*** naanna’u.
- ✓ Bakki ka’umsa isaanii **12** irraati.
- ✓ Xiyyi daqiiqaa 12 irraa gara 1 tti yoo naanna’e , **daqiiqaa 5** adeeme. 12 irraa gara 3tti yoo naanna’e **daqiiqaa 15** adeeme.
- ✓ Lakkoofsota walitti aanan lamaan jidduu **daqiiqaa 5tu** jira.

# …itti fufaa…

## Fakkeenya 2

- **Xiyyi sa’aatii 4 irraa dabree agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 10 agarsiisa. Kanaafuu, daqiiqaa 10 x 5 = 50.**
- **Kunis sa’aatii 4 fi daqiiqaa shantama dha.**
- **Yommuu dubbifamu Sa’aatii shanii fi daqiiqaa shantama dha.**
- **Yoo barreeffamu 4 : 50**



**Fakkiiwwan sa’aatii armaan gadii sa’aatii meeqaa fi daqiiqaa meeqa akka agarsiisan barrssi.**

**(a)**



# …itti fufaa…

**(b)**




# HOJII MANAA

## GILGAALA 8.1

1. **Fakkiiwwan sa’aatii armaan gadii sa’aatii meeqaa fi daqiiqaa meeqa akka agarsiisan barreessi. (Fuula 103)**


# Sa’aatii ilaaluun yeroo himuu

(a)



# Sa’aatii ilaaluun yeroo himuu

(c )




(d)



# Fakkii Sa’aatii Kaasuun Yeroo Irratti Agarsiisuu

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- Fakkii sa’aatii kaasuun yeroo ni agarsiisu.
- Meeshaa sa’aa lakkaa’u irraa sa’aa walakkaa, sa’aa fi kurmaana ni himu.

# …itti fufaa…

## GOCHA 8.2

**Yeroo kenname fakkii sa’aatii kaasuun irratti agarsiisi.(Daqiiqaa 3)**

a. **5 : 15**

b. **6 : 30**

# Deebii

(a)




(b)



# …itti fufaa…

## GOCHA 8.3

**Yeroo kenname fakkii sa’aatii kaasuun irratti agarsiisi.(Daqiiqaa 3)**

a.**12 : 00**


b. **8 : 00**

# Deebii

(a)




(b)



# Walitti Firoomsi

**(Daqiiqaa 2)**

**a) 5:15** **b) 9:30** **c) 5:00** **d) 2:15**



# HOJII MANAA

Yeroo kenname xiyyoota sa’aatii fi daqiiqaa hojjechuun agarsiisi.

**a. 12 : 00** b. **4 : 15**

c. **5 : 30** d. **8 : 00**

# …itti fufaa…



# 8.2 SA’AATII FI DAQIIQAA

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Hariiroo sa’aa fi daqiiqaa giddduu jiru ni ibsu.**

# …itti fufaa…

**Sa’aatii** fi **daqiiqaa**n yuunitoota safara **yeroo**ti.

## GOCHA 8.4 (Daqiiqaa 2)

a. **Sa’aatii 1 keessa daqiiqaa meeqatu jira?**

# …itti fufaa…

**Sa’aatii** fi **daqiiqaa**n yuunitoota safara **yeroo**ti.

**GOCHA 8.4 (Daqiiqaa 1)**

**b. Walakkaa sa’aatii keessa daqiiqaa meeqatu jira?**

# …itti fufaa…

## Hubadhu!

- **Sa’aatiin 1 = Daqiiqaa 60.**
- **Walakkaan sa’aatii = Daqiiqaa 30.**
- **Kurmaanni sa’aatii = Daqiiqaa 15.**

# Hariiroo Sa’aatii fi Daqiiqaa



# ...itti fufaa...

## GOCHA 8.5

**Bakka duwwaa guuti. (Daqiiqaa 2)**

a. **Sa'aatii Kurmaanni = Daqiiqaa _____.**
b. **Daqiiqaa 30 = _____ Sa'aatii.**
c. **Daqiiqaa 15 = _____ Sa'aatii.**

# HOJII MANAA

1. Yeroo kenname xiyyoota sa’aatii fi daqiiqaa hojjechuun agarsiisi.

a. 12 : 00

b. 4 : 15

c. 5 : 30

d. 8 : 00

2. Bakka duwwaa guuti.

a. Sa’aatii tokkoo fi walakkaan = Daqiiqaa _____.

b. Daqiiqaa 45 = _____ Sa’aatii.

# …itti fufaa…



# BOQONNAA 9
# QABANNAA DAATAA FI PAATARNII

## 9.1 DAATAA SASSALPHOO


**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- **Daataa sasalphoo ni sassabu, ni tarreessu.**

# 9.1 DAATAA SASSALPHOO

## GOCHA 9.1 (Daqiiqaa 3)

*Danaalee armaan gadii ilaali.*




# …itti fufaa…

*Danaalee armaan olii ilaaluun baay'ina bocaalee guuti.*

| T.L | Bocaalee | Baay'ina |
|---|---|---|
| 1 | Geengoo | |
| 2 | Rektaangilii | |
| 3 | Iskuweerii | |
| 4 | Rogsadee | |

# GOCHA 9.2 (Daqiiqaa 4)



# Beeladoota lakkaa’uun taalii fi lakkoofsaan ibsi.

| |  Re'oota |  Hoolota |  Fardeen |  Loon |
|---|---|---|---|---|
| Baay'ina Sararaan (taaliin) |  | | | |
| Baay'ina Lakkoofsaan | 7 | | | |

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 1:** Daataa qabxii samiisteera tokkoffaatti barataa Qalbeessaan argate gabatee armaan gadii irratti guutameera.

| Lakk. | Gosa Barnootaa | Qabxii 100 Keessaa |
|---|---|---|
| 1 | Afaan Oromoo | 100 |
| 2 | Herrega | 99 |
| 3 | Saayinsii Naannoo | 97 |
| 4 | Esteetiksii | 95 |

# …itti fufaa…

## GOCHA 9.3

Daataa qabxii samiistera tokkoffaa irratti argatte gabatee armaan gadii irratti guuti. **(Daqiiqaa 3)**

| Lakk. | Gosa Barnootaa | Qabxii 100 keessaa |
|---|---|---|
| 1 | Afaan Oromoo | |
| 2 | Herrega | |
| 3 | Saayinsii Naannoo | |
| 4 | Esteetiksii | |

# HOJII MANAA

## Maqaa miseensota maatii keetii 5 gabatee armaan gadii irratti guuti.

| Lakk. | Maqaa | Saala | Umurii |
|---|---|---|---|
| 1 | | | |
| 2 | | | |
| 3 | | | |
| 4 | | | |
| 5 | | | |

# 9.2 PAATARNII SASALPHOO

**Xumura barannoo kana booda barattoonni:**

- Paatarnii lakkoofsotaa fi kan bocootaa ni qindeessuu, ni tarreessu.

# GOCHA 9.4 : Fakkiiwwanii fi lakkoofsota kennaman itti fufi. (Daqiiqaa 3)

(a)

1, 0, 1, 0, 1, 0, 1, 0__ __ __ __ __

(b)

2, 4, 6,__ __ __ __ __

(c)



# PAATARNII SASALPHOO

## GOCHA 9.3 (Daiiqaa 2)

**Bakka duwwaa guuti. (Daiiqaa 2)**

a. 7, 14 , 21 , ___ , ___ , ___.

# …itti fufaa…

**Bakka duwwaa guuti. (Daiiqaa 2)**

b. , , _____

_____

# …itti fufaa…

**Fakkeenya 1:**

1 , 3 , 5 , 7 , x , y … Gatiin x fi y meeqa?

**Deebii:**

# HOJII MANAA

## Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1. 3 , 6 , 9 , ____ , ____ , ____.

2.  ,

_____ ,

_____ ,

_____.